

Wagga 18^{ffaa} Lak.....154/2005
 18th ዓመት ቁጥር.....154/2005
 18th Year No.....154/2013



Finfinnee.....Amajjii 17, bara 2005
 ፊንፌና.....ጥር 17, 2005 ዓ.ም
 Finfine.....25 January 2013.

MAGALATA OROMIYAA

መንግሥት አድራሻ

MEGELETA OROMIYA

Gatii Tokkoo _____ የንብ ጥር _____ Unit Price _____	To'anno Coffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan Bahe የኢትዮጵያ ስነዬሮ ከልላዊ መንግሥት በፌዴራል አድራሻ መስፈርት የወጣ	Lakk S. Poostaa _____ ፖ.ስ. ቁጥር _____ P.O. Box _____
---	--	--

<u>Qabeentaa</u>	<u>ማውጫ</u>	<u>Content</u>
<u>Dambii lak. 154/2005</u> Dambii sirna dhammoonni bulchiinsaa, iyyannoo fi komiin Ummataa Naannoo Oromiyaa ittiin keessummeeffamu murteessuuf bahe	ደንብ ቁጥር 154/2005 የኢትዮጵያ ከልላዊ መንግሥት የህዝብ አስተዳደርች፡ ጥያቄ የ የህዝብ አበቱታዎች እና ቁልጥቶች የሚሰጥናገድበትን ሥርዓት ለመወሰን የወጣ ደንብ	<u>Regulation No.154/2013</u> A regulation Provided to determine a system of managing administrative matters, public complaints and grievances of Oromia National regional State.

<u>Dambii lak. 154 /2005</u>	<u>፳፻፱ ቁጥር 154/2005</u>	<u>Regulation No.154/2013</u>
<p>Dambii sirna dhimmoonni bulchiinsaa, iyyannoo fi komiin Ummataa Naannoo Oromiyaa ittiin keessummeeffamu murteessuuf bahe</p> <p>Bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf komii fi iyyannoo hawaasaatiif furmaata hatattamaa kennuun kennisa tajaajilaa ifaa fi haqa qabeessa taasisuuf sirna iyyaannoo fi komiin itti dhiyaatuu fi furmaata itti argatu seeraan tumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,</p> <p>Sirna itti gaafatamummaa fi iftoomina qabu qaamolee mootummaa keessatti diriirsuun ol'aantummaa seeraa mirkaneessuun komiin ummataa sadarkaa sadarkaan si'oominaan furmaata akka argatu taasisuun barbaachisaa waan ta'eef;</p> <p>Madda komii addaan baasuun dursanii sirreesuun miidhaan bulchiinsaa akka hin uumamne taasisuun, raawwatamee yoo argame hatattamaan sirreessuun akka danda'amu sirna dhaqqabamaa fi itti gaafatamummaa qabu diriirsuun barbaachisaa waan ta'eef</p> <p>Akkaataa labsii lakk. 163/2003</p>	<p>የኢ.ፌ.ዲ.ሪ ከፈተዋ መንግሥት የህዝብ አስተዳደርዋ፡ ጉዳዮች የህዝብ አቤቱታዎች እና ቅልታዎች የሚሰተኞችበትን ሥርዓት ለመውሰድ የወጪ ደንብ መፈከም አስተዳደርን ለማረጋገጥና ለሁበረተሰቦ ቅልታ እና አቤቱታ ቀልጣኩ መፍትሬ በመሥጠት፡ የእንዲያለው አስማጥን ግልዕ እና ጥናሮች፡ ለማድረግ አቤቱታ እና ቅልታ የሚቀርበበትንና መፍትሬ የሚያጠቃለትን ሥርዓት በሀገር መፈጸማት አስፈላጊ ሆኖ በማግኘቱ፡ በመግባት ሌከላት መካከል ተጠቀነትና ግልዕነት ያለው ሥርዓት በመዘርጋት የህግ የበላይነትን በማረጋገጥ የህዝብ ቅልታ ያረጋግጣ በየራሳቸው ላጭና አጥጋቢ መፍትሬ እንዲያጠቃ ማድረግ አስፈላጊ በመሆኑ& የቅልታ ምንጠቃቂን በመለያትና አስቀድሞ በማስተካከል የእስተዳደር በደል እንዲያስከበት በማድረግ ተከለቶ ከተገኘው በጽጥነት ለማስተካከል የሚያጠቃል ተደራሽ እና ተጠቀነት ያለው ሥርዓት መዘርጋት አስፈላጊ በመሆኑ@ በኢዋዴ ቁጥር 163/2003 እንቀጽ 65 ዓይነ እንቀጽ (2) መሠረት ይህ ዶንብ ወጥቃል፡</p>	<p>A regulation Provided to determine a system of managing administrative matters, public complaints and grievances of Oromia National regional State.</p> <p>Whereas, it has become necessary to provide by Law a system by which the administrative matters, complaints and grievances of the public shall be submitted and managed or resolved to make the service delivery transparent and fair by providing a speedy solution for the complaints and grievances of the public so as to ensure good governance .</p> <p>Whereas, it has become necessary to enable the grievances of the public get aspeedy and effective solutions step by step by establishing an accountable and transparent system in the government organs and by ensuring rule of Law;</p> <p>Whereas, it has become necessary to establish or extend an accessible and accountable system by identifying the causes of public complaints and correcting them in advance with a view to prevent the ccommission of administrative harms and to take immediate corrective measures where found committed.</p> <p>Now Therefore, in accordance</p>

<p>keewwata 65 keewwata xiqqaa (2) tiin dambiin kun bahee jira.</p> <p>Kutaa Tokko</p> <p>Tumaalee Waliigalaa</p> <p>1. Mata Duree Gabaabaa</p> <p>Dambiin kun “Dambii sirna Dhimmoontnni Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komiin Ummataa Naannoo Oromiyaa ittiin Keessumeeffamu murteessuuuf bahee. Lakk. 154/2005” jedhamee waamamuu ni danda'a.</p> <p>2. Hiika</p> <p>Akkaataan galiinsa jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuuf yoo ta'e malee, dambii kana keessatti:-</p> <p>1) “Qaama Raawwachiiftuu” jechuun qama Mootummaa seera raawwachiisuuf hundaa'e jechuudha.</p> <p>2) “Waajjira” jechuun Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.</p> <p>3) Godina, Bulchiinsa Magaalaa, Aanaa fi Gandaa” jechuun caasaalee bulchiinsa</p>	<p style="text-align: center;">ክፍል አንድ ጠቅላላ ደንብዎች</p> <p>1. አዋጅ ሪፖርት</p> <p>ይህ ደንብ “የኢትዮጵያ ብሔራዊ ከላላዊ ሪፐብሊክ ገዢ የሀገሪቱ የሚሰጥና የሚሰጥ የሚከተሉትን ሙርጫት ለመወሰን የወጣ ደንብ ቅጽ 154/2005” ተብሎ ለማቅረብ ይችላል፡፡</p> <p>2. ትርጓሜ</p> <p>የቁስ አገባብ ለለ ትርጉም የሚያሰጠው ከላሆነ በስተቀර በዚህ ደንብ ወሰኑ፡፡</p> <p>1) “አስፈላጊ አካል” ማለት፡ ሁኔታ ለማስፈጸም የተቋቋሙ የመንግሥት አካል ማለት፡፡ ንዑስ፡፡</p> <p>2) “ክህልት ቤት” ማለት፡ የኢትዮጵያ ብሔራዊ ከላላዊ መንግሥት የተሰጠው የሚገኘው የሚገኘው የመንግሥት አካል ማለት፡፡ ንዑስ፡፡</p> <p>3) “የክንድ የክተማ ድንብ ቅበሌ” ማስተካከለ ማለት፡ በየደረሰው የሚገኘው የመንግሥት መስተዳድር መዋቅር ማለት፡፡ ንዑስ፡፡</p> <p>4) “የመንግሥት መሥራያ ቤት” ማለት፡ በከላለ መንግሥት አዋጅ ወይም</p>	<p>with article 65 sub article (2) of Proclamation No. 163/2011, this regulation is hereby issued.</p> <p style="text-align: center;">Part One</p> <p style="text-align: center;">General Provisions</p> <p>1. Short Title</p> <p>This regulation may be cited as “A regulation provided to determine a system of managing public administrative matters complaints and Grievance of the public of Oromia National Regional state No. 154/2013.”</p> <p>2. Definitions</p> <p>Unless the context requires otherwise, in this regulation:</p> <p>1) “Executive Body” shall mean a government organ established to execute laws.</p> <p>2) “Office” shall mean office of the President of the National Regional State of Oromia.</p> <p>3) “Zone, Urban, District and Kebele Administration” shall mean any government administrative structure of the regional state found in their hierardical levels.</p> <p>4) “Government</p>
--	---	--

mootummaa	Naannoo	፩ንብ የተቋቃሙና ሙሉ·	Institution” shall mean government institution or public enterprise established by the Regional State Proclamation or Regulation that is fully or partially administered by government budget.
Oromiyaa	sadarka	በሙሉ ወይም በከልል	
sadarkaan	jiran	መንግሥት	
jechuudha.		በማመሪያለታው በደንት	
4) “Mana Hojii Mootummaa”		የሚተካድሩ የመንግሥት	
jechuun labsii yookiin		መሥራም በቶታው ወይም	
dambii Bulchiinsa		የልማት ተቋማት ማለት	
Mootummaa Naannootiin		ነው::	
kan dhaabbatanii fi		5) “ሻለፈ” ማለት የመንግሥት	
guutummaan guutuutti		ተቋምን በበላይነት	
yookiin gartokkeen baajata		እንዲመራ በህግ ለሰጣን	
Mootummaan		ተስተዋጅት የተሽጠቸው	
ramadamuuun kan bulu		የተመደበ ወይም የተወከለ	
Mana Hojii Mootummaa		አው ማለት ነው::	
yookiin Dhaabbilee		6) “መራተኛ” ማለት	
Misoomaa Mootummaa		በመንግሥት መሥራም በት	
jechuudha.		ውይም በመንግሥት	
5) Hogganaa” jechuun Mana		የልማት ድርጅት ወሰጥ	
Hojii Mootummaa		በቋሚነት፣ በከንትራት	
ol'aantummaadhaan akka		ውይም በገቢዎችነት	
gaggeessu nama seeraan		ተቀጥሮ የሚመራ ለው	
aangoon kennameef yokiin		ማለት ነው::	
muudame, yokiin		7) “ባለሙያ” ማለት በከልል	
ramadame yokiin bakka		የመንግሥት ተቋም ወይም	
bu'ee gaggeessuu		የመንግሥት የልማት	
jechuudha.		ድርጅት ወሰጥ መልካም	
6) “Hojjataa” jechuun Mana		እስተዳደርን እውን	
Hojii Mootummaa yookiin		ለማድረግ ለህዝቦ ቅዱታ	
Dhaabbilee Misoomaa		ውይም አቤቱታ	
Mootummaa keessatti		እስፈላጊውን መፍትሬ	
dhaabbataan, kontraataan		ለመስጠት የተመደበ ለው	
yookiin yeroodhaaf			
qacaramee nama hojjatu			
jechuudha.			

<p>7) “Ogeessa” jechuun Mana Hojii Mootummaa yookiin Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannichaa keessatti bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf komii yookiin iyyannoo Ummataatiif furmaata barbaachisaa ta’e akka kennu kan ramadame jechuudha.</p> <p>8) “Abbaa Adeemsa Hojii” jechuun Itti gaafatamaa Adeemsa Hojii Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii ummataa kan dhimmoota kanneen irratti murteessu jechuudha.</p> <p>9) Adeemsa Hojii” jechuun sadarkaa Naannoo, Godina, Magaalaa fi Aanaa irratti kan gurmaa’an caaseeffama hojii Dhimmoota</p>	<p>ማለት ነው::</p> <p>8) “የሥራ ሂደት መሬ ” ማለት የአስተዳደርዎ ገዢቶች፣ የህንብ አበቱታና ቅልጥምቶች ሌይ ወጪና የሚሰጥ የሥራ ሂደት ፤ለሁ ነው::</p> <p>9) “የሥራ ሂደት” ማለት በከላሉ፣ በዘን፣ በከተማና በመረዳ ደረጃ የተደረሱ ወይም የተዋዋለ የአስተዳደርዎ ጥዢቶች፣ የህንብ አበቱታና ቅልጥምቶችን የሚመለከት የሥራ መዋቅር ማለት ፤ነው::</p> <p>10) “ጥቃማ” ማለት በመንግሥት ተቋም ወይም የልማት ድርጅት ወሰኑ በሚሰጥ አገልግሎት ሌይ ስለ ተፈዥሙ አስተዳደርዎ በደልና የእገልግሎት እስጣጥ ግድፁት፣ በየደረጃዎ ለሚገኘ የአስተዳደር አበቱታና ቅልጥ ጥዢቶች እከላት፣ በከላሉ፣ በጽሕፍ፣ በዋልና በለላ አመቱ፣ ዘዴ መረጃ መሰጠት ማለት ፤ነው::</p> <p>11) “ቅልጥ” ማለት በሥራ እስፈላጊው እከል በሚመጥ</p>	<p>such matters.</p> <p>9) “Process” shall mean an operation structure organized at regional, Zonal, city administration and district levels to entertain the Administrative, matters public complaints and grievances.</p> <p>10) “Tip off or acquaint” means giving information relating to administrative harms and faults of service delivery committed in government institution or public enterprises to the appropriate public administrative, complain and grievance matters handling structures found at different levels through telephones, in writing, orally and by other possible meances.</p> <p>11) “Grievance” shall mean a complaint submitted by the customer commenting the unsatisfactoriness of the service delivery of the executive organs and by expressing or indicating the administrative faults committed.</p>
---	---	---

Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummataa ilaalu jechuudha.	
10) “Eeruu” jechuun tajaajila Mana Hojii Mootummaa yookiin Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannichaa keessatti kennamu irratti miidhaa bulchiinsaa fi balleessaa kenna tajaajilaa ilaachisee raawwatame qaama Dhimmoota	አንድግለጻ ላይ ቅር በመስተኞች በመንግሥት ተቋም ላይ የሚቀርብ የባለጥና ቅሬታና የተራዥሙ ስህተትና በመግለፅ ወይም በማመልከት የሚቀርብ ቅሬታ ማለት ነው::
Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummataa sadarkaa sadarkaan jiraniif bilbilaan, barreeffamaan, jechaan fi haala birootiin odeeffannoo kennamu jechuudha.	12) “እነተቶ” ማለት የመንግሥት አካላት የሚፈልጂትን አስተዳደሪያ በደል ወይም ስህተት ለሁዝ አስተዳደሪያ፤ ገዢዋች እነተቶና ቅሬታ ሰሚ አካል በቃል ወይም በጀትና የሚቀርብ ቅሬታ ማለት ነው::
11) “Komii” jechuun itti quufiinsa kenniinsa tajaajila qaama raawwachiistuu qeequudhaan komii abbaan dhimmaa mana hojii	13) “ይግባኛ” ማለት ተገልጻ በጀት ወይም በየደረጃው በሚገኘ የቅሬታ ሰሚ አካላት በማስጠት ወሰኑ ገዢ ባለመርካት ሚኒስቴር በደጋማ እንዲታደለት በየደረጃው ለለ የሁዝ አስተዳደር፤ እነተቶና ቅሬታ ገዢዋች ሰሚ የሥራ ሂድት ወይም ለበለጻ ቤሉ የሚቀርብ የይግባኛ ተያቄ ማለት ነው::
	14) “ወሮኑ” ማለት ገዢ በማመልከተው አካል የቅረብ

12) “Complaint” means an application about the administrative harms or faults committed by government organs to the concerned public administration, complaints and grievance matters hearing bodies submitted orally or in writing.

13) “Appeal” shall mean a grievance or complaint submitted by the customer on the decision of Public administration Complaint and grievance matters hearing organ or heads established at different levels on the ground that he is not satisfied by the decision of such organs.

14) “Decision” shall mean a remedy given by concerned body by examining or investigating the grievance or complaint submitted to it in accordance with the law.

15) “Agreement” shall mean the consensus reached between the complainant and the government institution against which the complaint is brought

mootummaa kaasuu fi dogongora raawwatame ibsuun yookiin agarsiisuun komii dhiyaatu jechuudha.	irratti dogongora ibsuun yookiin agarsiisuun komii dhiyaatu jechuudha.	ቍልታ ወይም አቤቱታ ቦማግራት በህገ መሠረት የሚሰጥ መኖትኩ ነው:: 15) “ስምምነት” ማለት ቁልታ አቅራቢዎች ቁልታ ወይም አቤቱታ የቀረበበት ተቋም መከከል የቀረበውን አቤቱታ ውይም ቁልታ በስምምነት ለመኖታት ወይም ቦማግኩድ የተደረሰበት ውጥኑ ወይም የተስማሙበት ስምምነት ማለት ነው::
12) “Iyyannoo” balleessaa dogongora qaamoleen raawwatan Dhimmoota Iyyannoo Ummataa yookiin dhiyaatu jechuudha.	jechuun yookiin bulchiinsaa mootummaa qaama Bulchiinsaa, Komii ilaalutti barreeffamaan dhiyaatu jechuudha.	16) “ተጠሪው ወይም ለተቋም” ማለት አገልግሎት ለማግኘት ወደ መንግሥት ተቋም ወይም የልማት ድርጅት የሚመጣ ስው ውይም አካል ማለት ነው:: 17) “ቁልታ የቀረበበት መሠራያ ቤት” ማለት ተጠሪው በተከበው አገልግሎት ባለመርካት ቁልታ የሚቀርበበት የመንግሥት ተቋም ወይም የመንግሥት ለማት ድርጅት ማለት ነው::
13) “Ol’iyyannoo” tajaajilamaan hogganaa qaamolee dhaggeeffachuuuf sadarkaa sadarkaadhaan kennanitti dhabuun akka nahaagaluu sadarkaa sadarkaadhaan Hojii Bulchiinsaa, Iyyannoo Komii hoggansa dhiyaatu jechuudha.	jechuun murtii yookiin komii sadarkaa jiranii quufuu irra deebi’amee isaa ilaalamuuuf iyyata sadarkaa Adeemsa Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Ummataaf yookiin ol’anaaf dhiyaatu jechuudha.	18) “አስተዳደርዋ ተቋት ወይም ተቋት” ማለት አስፈላጊ አካላት በማሳወት አስተዳደርዋ አገልግሎት
14) Murtii” dhimmi ilaallatuun komii		to settle the complaint or grievance or to reach at decision through negotiation. 16) “Customer or Client” shall mean a person or an organization that come to the government institution or public enterprise in need of a service from same. 17) “Complained office” shall meangovernment institution or public enterprise against which complaint or grievance is brought by the customer as a result of the dissatisfaction of service delivered. 18) “Administrative harms or fault” shall mean the non-implementation, limitation, delay, unjustdecision, obstructing and prohibiting fully the constitutional and other legal rights and interests of citizens falling under the jurisdiction of executive organs while delivering administrative services. 19) “Injured person” or “complainant”, “appellant” shall mean a

<p>yookiin iyyannoo dhiyaate qulqulleessuun bu'uura seeraatiin fala kennuu jechuudha.</p>	<p>ው-\ስጥ በአገት መንግሥት እና በለለዎች ህገዎች እገዎች የተገኘበኝትን ስብሰዋ መብቶችን እና ጥቅምቶችን እለመራዎም፡ መሽራረፍ፡ ማቆያ፡ ፍትሬዊ ያልሆነ ው-\ስጥ መስጠት፡ ማደናቀና እና መ-\ሳብ በመ-\ሳብ መከልከልንም የሚመጣው ነው፡፡</p>	<p>citizen or any person against which administrative harm or fault is committed and submit his grievance or complaint to the concerned body.</p>
<p>15) “Waliigaltee” jechuun komii dhiyeeffataa fi mana hojii komiin yookiin iyyannoон irratti dhiyaate jidduutti dhimmicha waliigalteedhaan hiikuuf maree gaggeessuun murtii irra gahamu yookiin irratti waliigalame jechuudha.</p>	<p>19) “ተገኝና ቁልታ አቅራቢ ውይም ይግባኝ ማድረግ” ወይም “ይግባኝ ማድረግ” ማለት እስተዳደርዋ በፊል ወይም ጥሩት ተፈጻሚበት ቁልታ ውይም አበቱታ ለማመለከተው አካል የቀበሌ ካርድ ወይም ስው- ማለት ነው፡፡</p>	<p>20) “Service Delivery” means activities performed by government organs with a view to achieve its objectives for which it is established or to fulfill the interests of its customers or clients.</p>
<p>16) “Tajaajilamaa yookiin Abbaa dhimmaa” jechuun tajaajila Manni Hojii tokko kennu argachuuf nama yookiin qaama gara Mana Hojii Mootummaatti yookiin Dhaabbilee Misoomaa Mootummaatti dhufu jechuudha.</p>	<p>20) “የአገልግሎት አስቀጣ ማለት የመንግሥት ተቁጥሮ የተቁቀመበትን ዓለማ ከማስ ለማድረሰ ወይም ግልጽውን ለመራዎም የደንበኛውን ቅለጾት ለማማሪት የሚመራው ሥራ ማለት ነው፡፡</p>	<p>21) “Person” means natural or juridical person.</p>
<p>17) “Mana hojii komatame” jechuun Mana Hojii Mootummaa yookiin Dhaabilee Misoomaa Mootummaa tajaajilamaan tajaajila kennametti quufuu dhabuun komiin yookiin iyyannoون irratti dhiyaate jechuudha.</p>	<p>21) “ስው” ማለት የተፈጥሮ ስው ወይም በአገት ስውነት የተሰጠው አካል ማለት ነው፡፡</p>	<p>3. Gender Reference Provisions of this Proclamation expressed in masculine gender shall also apply to feminine gender.</p>
<p>18) “Miidhaa yookiin balleessaa bulchiinsaa” jechuun keniinsa tajaajilaa bulchiinsa qaamolee raawwachiistuu keessatti mirgoota fi faayidaalee</p>		<p>4. Scope of Application This regulation shall be applicable on the executive organs of the government found at different levels and public enterprises established by Oromia National Regional State.</p> <p>5. Establishment and Accountability</p> <p>1) The Public administration, Complaints and Grievance matters handling and solution</p>

<p>Heeraa fi Seerotaan lammiileen gonfatan raawwachuu dhabuuu, hanqisuu, tursiisuu, murtee haqummaa hin qabne kennuu, gufachiisuu fi guutuummaan guutuutti dhorkuus kan dabalatu jechuudha.</p> <p>19) "Miidhamaa, komataa yookiin ol'iyyataa" jechuun lammii yookiin nama dhiibbaan yookiin balleessaan bulchiinsaa irratti raawwatamee komii yookiin iyyata qaama dhimmi ilaallutti dhyeffate jechuudha.</p> <p>20) "Kenniinsa tajaajilaa" jechuun Manni Hojii Mootummaa kaayyoo dhaabbateef galmaan ga'uuf yookiin dirqama isaa raawwachuuf hojii fedhii maamilaa guutuuf hojjetu jechuudha.</p> <p>21) "Nama" jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan namummaan kennameef jechuudha.</p> <p>3. Ibsa Korniyaa Dambii kana keessatti korniyaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.</p> <p>4. Daangaa Raawwatiinsaa Dambiin kun Manneen Hojii Mootummaa Qaamolee Raawwachiistuu sadarkaa sadarkaan jiranii fi</p>	<p>3. የየታ አገልግሎት</p> <p>በዚህ ደንብ ወሰኑ በወንድ የታ የተገለጻው የስራ የታ ጽምር ይመጣል::</p> <p>4. የተፈቀነት ወሰን</p> <p>ይህ ደንብ በየደረሰው ባለ በእርማያዊ በአራዳቸው ከልላዊ መንግሥት በተቋቋሙ የእስራቅማዊ አካላትና የመንግሥት ልማት ያርሱታቸው ለይ ተፈቀነት ይኖረዋል::</p> <p>5. መቋቋም እና ተጠሪነት</p> <p>1) የእርማያዊ በአራዳቸው ከልላዊ መንግሥት ቴርክክሩን ይሁዳት በት አካል የሆነ የህዝብ አስተዳደር ይሁዳ አበቱታና ቅዱታ ጉዳዮች አበቱታና ተቀብሎ የሚያስተኞቸው እና የመልከቶ አስተዳደር ትግርኛን መንሰሳ ከምንጻዬ መፍትሬ እንዲያገኘ የሚያደርግ የሥራ ሲደት በዚህ ደንብ ተቋቋሚል::</p> <p>2) በከልል ደረጃ ተጠሪነቱ ለእርማያዊ በአራዳቸው ከልላዊ መንግሥት ቴርክክሩን ሆኖ የመሥራያ ቤቱ የማናቸመንት አባል ሆኖ ይመራል::</p> <p>3) በዚህ እና በወረዳ ደረጃ</p>	<p>provision to the sources of problems related with good governance process which is part of oromia Regional state president office is hereby established by this regulation.</p> <p>2) At a regional level, this process is accountable to the regional state president and shall be a member of the management of the office.</p> <p>3) The accountability of the Process at the Zonal and Woreda level is to their respective chief Administrators and at Municipal level to their respective mayors and shall be a member of the management of each office.</p> <p>4) At kebele level activities relating to the public administration complaint and grievance matters handling process shall be performed by the manager of the kebele and he shall be accountable to the kebele administrator.</p> <p>5) In government institutions or</p>
--	--	---

Dhaabbilee	Misoomaa	ተመሬቱ ለአስተዳደርው	public enterprises, apublic
Mootummaa	Naannoo	ሰ.ምን በከተማ ደረጃ	complaints and grievance
Oromiyaatiin hundeffaman		ለከንድባው ሆኖ የገብር የሚነጂውንት እኩል ሆኖ	entertaining and resolving expert
irratti raawwatiinsa ni		ይመራል::	shall be assigned.
qabaata.		4) በቀበሌ ደረጃ የቀበሌው ማኅጃው የአገልግሎት	
5. Hundeffamaa fi Itti Waamama		አስተዳደር፣ አበቱታ እና ቁልጥ ጉዳዮች	6. Objectives
1) Qaama Waajjira	Pirezidaantii Bulchiinsa	የሚያስተካኝነት ሆኖ	This regulation is issued with
Mootummaa Naannoo	Oromiyaa kan ta'e	ተመሬቱ ለቀበሌ	a view to attain the following
Adeemsi Hojii Dhimmoota	Bulchiinsaa, Iyyaannoo fi	አስተዳደርው ይመናል::	objectives
Bulchiinsaa, Iyyaannoo fi	Komii Ummataa fuudhee	5) የመንግስት መሥራው በታች ወይም የመንግስት ለማት ድርጅቶች ወሰኑ የሚፈጸሙ የአገልግሎት አበቱታን ቁልጥውን እያቶ መፍትሃዊ የሚያወጥ የአገልግሎት አስተዳደር አበቱታ እና ቁልጥ ጉዳዮች እኩልጥርት ይመናል::	
keessummeessuu fi maddi rakkoo bulchiinsa gaarii furmaata akka argatu taasisu dambii kanaan hundeffameera.			
2) Sadarkaa Naannootti itti waamamni isaa		6. የለማ	
Pirezidaantii Mootummaa		ይህ ደንብ የሚከተሉት	
Naannoo Oromiyaatiif		የለማውች ይኖሩታል፤	
ta'ee, miseensa		1) ለሁገቡ ቁልጥውን መነሻ	
manaaajimantii		የማኑያት የሆነ ቁጥርዎን	
waajjirichaa ta'ee hojjeta.		በጥናትና የሚመሱ በመለያት	
3) Sadarkaa Godinaa fi		መፍትሃዊ ማስቀመጥ እና	
Aanaatti itti waamamni		ህገዎ ቁልጥና አበቱታ	
isaa bulchaaf yoo ta'u,		የሚያቀርቡት እና መፍትሃዊ	
sadarkaa bulchiinsa		የሚያገኙትን ለሚገኘት	
magaalaatti kantiibaaf		በመዘርጋት መልካም	
ta'ee miseensa			
manaaajimantii mana hojii			
isaanii ta'anii hojjetu.			

<p>4) Sadarkaa Gandaatti, Manaajarri Ganda hojii Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii ummataa kan raawwatu ta'ee itti waamamni isaa bulchaa gandaatiif ta'a.</p> <p>5) Mana Hojii Mootummaa yookiin Dhaabbilee Misooma Mootummaa keessatti ogeessi Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummataa dhiyaatu ilaalee furmaata akka argatu taasisu ni ramadama.</p>	<p>አስተዳደርን ማረጋገጥ፣</p> <p>ሁለም ገዢርሞች በአግባብ ሚራ ላይ በማዋል ሁበረተሰቦ ለለስራለን ውጤ ውረድና መሬ ላይ, በማጥ ፍትሬዊ፣ ጥሩት ያለው ቀልጣኑ አገልግሎት በቅርቡ አገዳግግኝ ለማድረግ፣</p> <p>ከፍል ሁለት</p> <p>የኢትዮ አስተዳደር፣ አበቱታ እና ቅዱታ ጉዳቶች የሥራ ሂደት መልጣና ተግባር</p> <p>7. የሥራ ሂደቱ መልጣና ተግባር</p> <p>የኢትዮ አስተዳደር፣ አበቱታ እና ቅዱታ ጉዳቶች የሥራ ሂደት የሚከተለው መልጣና ተግባራት ይኖረዋል:-</p> <p>1) ለአበቱታ እና ቅዱታ መንስኤ በሆነ ጉዳቶች ለይ ተናት እና የሚጠና በማካሬው ለማመለከተው እኩል ያቀርባል፤</p> <p>ከመንስኤው መናትሬዊ እንዲያሬገኝ ያደርጋል፤</p> <p>እሌፋሙን ይከታተላል፡፡</p> <p>2) በከልሉ አስፈላጊዊ እኩል አገልግሎት አመጣ ላይ የሚቀርቡ አበቱታዎችና እና ቅዱታዎችን ያመናል፤</p>	<p>7. Power and Duties of the Process</p> <p>The public administration, Complaint and grievance matters handling work process shall have the following power and duties:-</p> <ol style="list-style-type: none"> 1) Undertake research and study on the sources of public complaint and grievance matters and submit to the concerned body, cause them get solutions from the very source; follow up its implementation. 2) Undertake a study on complaints and grievances submitted against the service delivery of executive organs of the region, forward the outcome to the body against which the grievances or complaint is brought, submit same to the concerned body where it does corrective not take corrective measures, and follow up its implementation; 3) It shall have power to take and examine evidences or any kind of documents necessary to investigate the complaints and grievances from any government organs; 4) It may provide appropriate decision by approving, or improving, or reversing the
<p>6. Kaayyoo</p> <p>Dambiin kun kaayyoo armaan gadii galmaan gahuuf tumameera:</p> <p>1) Rakkoowwan komii ummataatiif sababa ta'an qorannoo fi qo'annoona adda baasuun fala kaa'uu fi sirna ummanni komii fi iyyannoo ittiin dhiyeeffatu fi furmaata itti argatu diriirsuun bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf;</p> <p>2) Riifoormiwwan hundi hojii irra oolanii ummanni bu'aa ba'ii fi baasii hin barbaadamneef</p>	<p>የኢትዮ አስተዳደር፣ አበቱታ እና ቅዱታ ጉዳቶች የሥራ ሂደት የሚከተለው መልጣና ተግባራት ይኖረዋል:-</p> <p>1) ለአበቱታ እና ቅዱታ መንስኤ በሆነ ጉዳቶች ለይ ተናት እና የሚጠና በማካሬው ለማመለከተው እኩል ያቀርባል፤</p> <p>ከመንስኤው መናትሬዊ እንዲያሬገኝ ያደርጋል፤</p> <p>እሌፋሙን ይከታተላል፡፡</p> <p>2) በከልሉ አስፈላጊዊ እኩል አገልግሎት አመጣ ላይ የሚቀርቡ አበቱታዎችና እና ቅዱታዎችን ያመናል፤</p>	<p>3) It shall have power to take and examine evidences or any kind of documents necessary to investigate the complaints and grievances from any government organs;</p> <p>4) It may provide appropriate decision by approving, or improving, or reversing the</p>

<p>otuu hin saaxilamin tajaajila haqa qabeessa, qulqullinaa fi saffina qabu dhiheenyatti akka argatu gochuuf.</p> <p>Kutaa Lama</p> <p>Aangoo fi Gahee hojii Adeemsa Hojii Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummataa</p> <p>7. Aangoo fi Gahee Hojii Adeemsa Hojichaa</p> <p>Adeemsii Hojii Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummataa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata.</p> <p>1) Dhimma madda iyyannoo fi komii ta'an irratti qoranno fi qo'annoo gaggeessee qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa, ka'umsa irraa fala akka argatan ni taasisa, raawwii isaa ni hordofa.</p> <p>2) Iyyannoo fi komii kenniinsa tajaajila qaamolee Raawwachiistuu Naannichaa irratti dhiyaatan ni qorata, bu'aa argate qaama iyyanni yookiin komiin irratti</p>	<p>የኢትዮ አበቃታ ወይም ቅዱታ ለቀረበበት አካል ይሰጣል፤ የሚስተካከያ እርምጃ ካልወሰደ ለማመለከተው አካል የቀርብ@ አ&በሙ.ን ይከታተላል፡፡</p> <p>3) የቀረበውን አበቃታ ወይም ቅዱታ ለማጠኑት የሚያስፈልገት ማስረጃዎችን ማንኛውንም የመንግሥት አካል መይቅ የሚጥናትና የተለያየ ስነድችን ወሰዳ የመመርመር ለማለጥን ይኖረዋል፡፡</p> <p>4) በየደረጃው የተሰጠትን ወሳኔዎች አይቶ በማሽድቸ፣ በማሽናል ወይም በመለመጥ አስፈላጊውን ወሳኔ ለመሰጠት ይችላል፡፡</p> <p>5) አበቃታ እና ቅዱታ የሚቀርበበትን ሂደት ለሁንጻተሰቦ ባንብ ለማሰራበጥ ከማመለከተው አካል ጋር ይመራል፡፡</p> <p>6) መልካም አስተዳደርና ለማረጋገጥና የዲሞክራሲ ስርዓትን ለመገኘባት ከሚመሩ መንግሥታዊ እና መንግሥታዊ ካልሆነ</p>	<p>decisions given at different levels;</p> <p>5) Work in collaboration with concerned body on the issue of creating awareness among the public regarding the mechanism through which public complaint and grievances be submitted;</p> <p>6) Work in collaboration with governmental and nongovernmental organizations that are involved in activities of ensuring good governance and enhancing the democratic system;</p> <p>7) Cause the organization or structuring of a body that follow up complaints and grievances relating to administrative harms in all government institutions, and work in collaboration with the same;</p> <p>8) Cause the implementation of good governance in accordance with the practical situation of the particular area and, follow up and support its implementation;</p> <p>9) Undertake assessment and evaluation regarding the service delivery process and submit the result with recommendations to the concerned body; follow up</p>
--	--	---

<p>dhiyaateef ni kenna, kan hin sirreessine yoo ta'e qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeesa, raawwii isaa ni hordofa.</p> <p>3) Ragaa iyyannoo yookiin komii dhiyaate qulqulleessuuf barbaachisu qaama Mootummaa kamiyyuu gaafatanii argachuu fi sanadoota adda addaa fudhatanii qorachuuf aangoo ni qabaata.</p> <p>4) Murtii sadarkaa sadarkaan kennaman ilaalanii raggaasisuu, fooyyessuu yookiin jijjiiruun murtii barbaachisaa ta'e kennuu ni danda'a.</p> <p>5) Haala iyyannoo fi komiin hawaasaa ittiin dhiyaatu ilaalchisee hubannoo kenu irratti qaama dhimmi ilaalu wajjiin ni hojjeta.</p> <p>6) Qaamolee Mootummaa fi Mit-Mootummaa bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf sirna dimokraasii dagaagsuuf hojjatan waliin qindoominaan ni hojjata.</p>	<p>አክለት የር በቅንቃት ይመራል::</p> <p>7) በመንግስት መሥራም በቅንቃት ወሰጥ የእነተዳደሪያ በደል:: አበቱታ እና ቅዱታ ጽዴሞችን የሚከተሉ አካል እንዲያውር ያደርጋል@ የሥራ ግንኝነትም ይኖረዋል::</p> <p>8) መልካም አስተዳደር እንደሮ አካባቢዎች ተጨማሪ ሆኖታ ሥራ ለይ እንዲያውል ያደርጋል፤ ሥራ ለይ መዋለን ይከታተላል፤ ይደግኝል::</p> <p>9) በኢንስፖራት አስጥጥና አውራር ለይ ጥናት እና ባጥጣም ያካሂያል፤ የተገኘውን ወጪት እና መፍትሬ ለማመልከተው አካል ያቀርባል፤ ሥራ ለይ እንዲያውል ስዕስን ሥራ ለይ መዋለን ይከታተላል::</p> <p>10) የሥራመናና የመልካም አስተዳደር ባንሻው ማስጨበበው ጽዴሞችን በተመለከተ ከእርማማ ሌላል ለርስሉ እና መልካም አስተዳደር በር የር በኋሩ ይመራል፤ ስልጣን እንዲሳጥ</p>	<p>same upon its approval;</p> <p>10) Work in cooperation with Oromia Civil service and Good Governance Bureau regarding the awareness creation and trainings on the issue of good governance; create enabling conditions for the provision of trainings; evaluate its outcome;</p> <p>11) Ensure the establishment of a system that enable to ensure good governance in the government institutions of all levels;</p> <p>12) Undertake research and study on public complaint and grievances matters, and implement its outcome;</p> <p>13) Undertake a research on laws and work procedures that impede the efforts made to avoid administrative harms; and recommend its alteranative views of correcting them;</p> <p>14) Follow up and support the performances of public administration Complaints and grievance matters handling structures of each level.</p> <p>15) It shall Work in coordination with public institutions and civic societies with a view to resolve public complaints and grievance</p>
--	--	---

<p>7) Manneen Hojii Mootummaa keessatti qaama iyyannoo fi komii miidhaa bulchiinsaa hordofu akka gurmaa'u ni taasisa, walitti dhufeenya hojii ni qabaata.</p> <p>8) Bulchiinsi gaariin haala qabatamaa Naannootiin hojiirra akka oolu ni taasisa, hojiirra oolmaa isaas ni hordofa, ni deeggara.</p> <p>9) Qorannoo fi gamaaggama hojimaata kenniinsa tajaajilaa ni gaggeessa, bu'aa fi furmaata argame qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa, akka hojii irra oolu yoo murta'ee hojii irra ooluu isaa ni hordofa.</p> <p>10) Dhimmoota leenjii fi hubannoo bulchiinsa gaarii uumuu irratti Biiroo Siviil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa waliin qindoominaan ni hojjata, leenjiin akka kennamu haala ni mijeessa, bu'aa isaa ni madaala.</p> <p>11) Mana Hojii Mootummaa sadarkaan argamu keessatti bulchiinsa gaarii dhugoomsuu sirni danddeessisu diriiruu isaa ni mirkaneessa.</p>	<p>ሀ.ኋታዎችን የመጀመሪያ፣ ውጭና ደንመግጣል::</p> <p>11) መልካም አስተዳደርን በየደረሰው ማለፈ የመንግሥት ተቁጥ ውስጥ ለማረጋገጥ የሚያስቀል ሥርዓት መዘርዝሩን ያረጋግጣል::</p> <p>12) ቅሬታ እና አጠቃላይ ጥናት እና የሚገኘው የካሂሳል፣ የተገኘውን ውስጥ በሥራ ሌይ ያውላል::</p> <p>13) አስተዳደርው በፊልን ለመቅረብ እንዋኑ የህንጻ ስት እና አመራርቸን በማጥናት እንዲከተከለው ማረጋገጥ ያቀርባል::</p> <p>14) በየደረሰው ያለ የአገበበ አስተዳደርከበታቸው እና ቅሬታ ጥናወች መዋቅርቸን የሥራ አፈጻጸም ይከታተላል፣ ይደግኝል::</p> <p>15) በመልካም አስተዳደርን እውን ለማድረግ እና የህንጻ አጠቃላይ እና ቅሬታ ለመፍታት ከህንጻው ተቁጥ እና ለሽክት ማህበራት ጥር በትብብር ይመራል::</p>	<p>matters and ensures good governance.</p> <p>8. The Duties and Responsibilities of the Process Owner</p> <ol style="list-style-type: none"> 1) The process owner at regional level shall scrutinize the public complaints and grievances and submit the decisive cases to the president; follow up its implementation in accordance with the direction layed down; cause its implementation; 2) Coordinate and lead the activities of the process, submit performance reports. 3) Scrutinize public complaints and grievances applied to the concerned body so that corrective measures be taken; notify the decision rendered; follow up its implementation; 4) Create public awareness on the procedures and processes of submitting public complaints and grievances; 5) Organize keep sufficient information of public complaints and grievances relating to
---	--	--

<p>12) Komii fi iyyannoo irratti qo'annoo fi qorannoo ni gaggeessa, bu'aa argame hojii irra ni oolcha.</p> <p>13) Seeraa fi hojimaanni miidhaa bulchiinsaa sirreessuuuf gufuu ta'an qorachuun akka sirraa'u yaada ni dhiyeessa.</p> <p>14) Raawwii hojii caasaalee Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoo fi Komii Ummataa sadarkaa sadarkaan jiran ni hordofa, ni deeggara.</p> <p>15) Bulchiinsa gaarii mirkaneessuu fi iyyannoo fi komii ummataa hiikuu irratti dhaabbilee fi waldaalee hawaasaa waliin qindoominaan ni hojjeta.</p> <p>8. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Abbaa Adeemsaa Hojii.</p> <p>1) Abbaan Adeemsaa Hojii sadarkaa Naannoo, iyyannoo fi komii ummataa calalee dhimmoota barbaachisaa ta'an Pirezidaantii naannichaatiif ni dhiyeessa, kallattii kaa'ameen raawwatamuu isaanii ni hordofa, ni raawwachiisa.</p> <p>2) Hojii Adeemsichaa ni qindeessa, ni gaggeessa, gabaasa hojii ni dhiyeessa</p> <p>3) Komii fi Iyyannoo Ummataa</p>	<p>8. የሥራ ሂደት መ& የሥራ ፎርም</p> <p>እና ታለሣነት</p> <p>1) በከልል ደረጃ ያለ የሥራ ሂደት መ& አስፈላጊ የሆነ የህዝብ አበቱታ እና ቅድመ ገዢዎችን አጥርቶ ለንጻዎችን ያቀባል፤ በተቀመጧው አቅማው መሠረት መ&.አመ.> ይከታተላል@ የሰራዳማል::</p> <p>2) የሥራ ሂደቱን ሥራ የቀናዚል@ ይመራል @ የሥራ ሌጋርት ያቀባል::</p> <p>3) የቀረብ የህዝብ ቅድመ እና አበቱታዎችን ያጠራል@ የሚመለከተው አካል የእርምት እርምጃ እንዲውሉ ያቀባል:: የተሰጠውን ወሆኑ የሰውቃል፤ አ&.የወመ.> ይከታተላል::</p> <p>4) የቅድመ እና አበቱታ አቅራቢ እና አመራር ሂደት ገዢ ለሁሳትበት ባንክ ይሰጣል::</p> <p>5) የእነተዳደር በፊል፤ ቅድመ አበቱታን አስመልክቶ በቁ የሆነ መረጃ ያደረግል፤ ይይላል::</p> <p>6) ከእግልግሎት አስማጥ ጽር በተያያዘ የሚቀርብ ቅድመ</p>	<p>administrative harms.</p> <p>6) May order the production of any documents or evidences that help to investigate public complaints or grievances relation to the service delivery.</p> <p>7) Prepare work plan; deliver trainings, perform awareness creation activities on the issue of good governance;</p> <p>8) Follow up the proper accomplishments of the activities of the workers the public administration, Complaint and grievance matters work process; take corrective measures on the limitations prevailed.</p> <p>9) Perform activities of following up, support and evaluation as welas research and studies on matters relating to the sources of public complaints and grievances.</p> <p>10) Scrutinize the grievances or complaints applied against administrative harms or faults committed by administrative organs; decide that corrective</p>
---	---	---

<p>ni qulqulleessa, qaamni dhimmi ilaallatu tarkaanfii sirreessaakka fudhatu ni dhiyeessa, murtii kennname ni beeksisa, raawwii isaas ni hordofa.</p> <p>4) Hojimaata fi adeemsa komii fi iyyannoontitti dhiyaatu hawaasaaf hubannoo ni kenna.</p> <p>5) Dhimma komii fi iyyannooballeessaa bulchiinsaa ilaalchisee odeeffannoo gahaa ta'e ni gurmeessa, ni qabata.</p> <p>6) Sanadaa fi ragaa komii yookiin iyyata kenniinsatajaajilaa wajjin wal-qabatee qulqulleessuuf barbaachisan akka dhiyaatan ajajuu ni danda'a.</p> <p>7) Karoora hojii ni qopheessa, leenjii ni kenna, hojii bulchiinsa gaarii irratti hubannoo uumuu ni hojjata.</p> <p>8) Hojjettoota Adeemsa Hojii Dhimmoota Bulchiinsaa, Iyyannoofi Komii Ummataa hojii isaanii sirnaan raawwachuu isaanii ni hordofa hanqina mul'ate ni sirreessa.</p> <p>9) Hojii hordoffii, deeggarsaa fi qorannoo fi qo'annoomadda iyyannoofi komii ummataa irratti ni hojjata.</p>	<p>ወያም አበቃታ ለማጣሪት የሚያስፈልገ ስነድና መረጃዎች እንዲቀርቡ ማዘጋጀ ይቻላል::</p> <p>7) የሥራ ዕቅድ የዘመና ለሰጠና ይሰጣል::</p> <p>በመለከም አስተዳደር ስያ የግንባብ ማስጠበበው ለሆኑ ይሰራል::</p> <p>8) የእስተዳደር ተ አበቃታና ቁልጥ ጉዳቶች የሥራ ሂደት ለራተኞች ለራተኞች ለሰጠና ለሰጠና ይሰጣል::</p> <p>9) በኢትዮ አበቃታና ቁልጥ ጉዳቶች ምንም ስያ የተናገሩ የሚጠሩ እንዲሁም የእስተዳደር የድጋፍ ሥራ ይሰራል::</p> <p>10) በእስተዳደር አካላት የሚፈጸሙ አስተዳደርዋ በፊል ወያም ባድሩ ለቻል ለያም አበቃታ ያጠራል::</p> <p>እንዲስተካከለም: ይመስናል:: እ&ፌዴራል-ንግድ ይከታተላል::</p> <p>9. የሥራ ሂደት ለራተኞች የሥራ ደርሻ እና ታሳቢነት</p> <p>1) በቻል የቀረበን ቁልጥ ወያም አበቃታ ወደ ዘመና በመቀየር</p>	<p>meansures be taken; and follow up or monitor its implementation.</p> <p>9. Duties And Responsibilities of the workers in the process</p> <ol style="list-style-type: none"> 1) Record and keep in written form the grievances or complaints submitted orally, may provide his response or solution to the applicant in writing where deemed necessary. 2) Receive client complaints and grievances; give decision or take corrective measures by examining and scrutinizing such cases at hand. 3) Provide a written adjournment to the client taking in to account the time required to give the necessary solution for complaints or grievances submitted; 4) An employee who receives public complaints or grievances shall ensure the fulfilment of the following requirements. <ol style="list-style-type: none"> (a) Supports the customer in filing the complaint or
---	--	---

<p>10) Miidhaa yookiin balleessaa dhimma bulchiinsaa qaamolee bulchiinsaa keessatti raawwbataman irratti komii yookiin iyyata dhiyaatan ni qulqulleessa, akka sirreeffamuuf ni murteessa, raawwii isaa ni hordofa.</p> <p>9. Gahee Hojii fi Itti gaafatamummaa Hojjetaa.</p> <ol style="list-style-type: none"> 1) Komii yookiin iyyannoo adeemsichaa jechaan dhiyaate gara barreffamaatti jijiiruun ni qabata, barbaachiisaa ta'ee yoo argame iyyataadhaaf barreffamaan deebii ni kenna. 2) Iyyataa fi komii abbaa dhimmaa ni fuudha, dhimma isaaniitiis qorachuu fi qulqulleesuudhaan murtii yookiin tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata. 3) Iyyata yookiin komii ummataatiif furmaata barbaachisaa ta'e kenuuf yeroo barbaachisu yaada keessa galchuudhaan abbaa dhimmaatiif barreffamaan beellama ni kenna. 4) Hojjetaan iyyannoo yookiin komii ummataa fuudhu dhimmooni armaan gadii guutamuu isaa mirkanoeffachuu qaba. 	<p>ይ.ይ.፩ አስፈላጊ ሆኖ ስ.ገኘ ለአመልካች በጽሕናው መልክ ይሰጣል::</p> <p>፩) የበለት-፩ን አበቱታና ቅሬታ ይቀበላል፤ ገ-፩ንግሥ በመመርመርና በማግብት- ወ-ሚኑ ወይም አስፈላጊውን የእርምጃ ደምና ይመስቀል::</p> <p>፪) ለህዝብ አበቱታ ወይም ቅሬታ አስፈላጊውን መፍትሃዊ ለመስከተት የሚያስፈልጊውን ገዢ ከግምት ውስጥ በማሳጋቢት ለበለት-፩ን በጽሕናው ቀጠር ይሰጣል::</p> <p>፫) የህዝብ አበቱታ ወይም ቅሬታ የሚቀበል ሥራተኞች የሚከተሉት ገ-፩ንግሥ መማረታቸውን ማረጋገጥ አለበት፤</p> <p>(ሀ) ቅሬታ ወይም አበቱታ የሚቀርቡበትን ቅጽ በተጠበቀ ሁኔታ መምሳቱን በተመለከተ በለተኛይን ይረዳል፤</p> <p>(ለ) የቀረበው ቅሬታ ወይም አበቱታ በተከተለው የሥልጣን ገዢ ውስጥ መሆነን ማግብት አለበት፤</p> <p>(ሐ) አስፈላጊው ማሻረድ</p>	<p>grievance submitting format properly.</p> <p>(b) Ensure that the complaint or grievance submitted is under his jurisdiction or power.</p> <p>(c) Ensure that the necessary evidences or information is filled on the format.</p> <p>(d) Ensure that the issue of facts relating to complaint or grievance is identified;</p> <p>(e) Ensure that the submission date of the complaint or grievance is registered, and adjourn in writing as may be necessary:</p> <p>(f) Ensure that the decision at the lower level is attached where the complaint or grievance is an appeal.</p>
---	--	---

<p>(a) Unki komii yookiin iyyannoos itti dhiyaatu haala gaariin guutamuu isaaaf abbootii dhimmaa ni deeggara.</p>	<p>ወይም መረጃ በቅጽ እና መጥለቷን የረጋግጣል፡</p>	<p>5) Organize and keep sufficient information regarding complaintor grievance relating to administrative faults.</p>
<p>(b) Komiin yookiin iyyannoos dhiyaate daangaa aangoo kennamef keessatti ta'uu isaa qulqulleeffachuu qaba.</p>	<p>(ሙ) የቅድታ እና አበቱታ ኩራ ነገር ተለያቶ መገለጽን የረጋግጣል፡</p>	<p>6) Examine the case appearing in person at the organization against which the complaint is brought where it is found necessary, may also call witnesses to appear and give evidence.</p>
<p>(c) Ragaan yookiin odeeffannoos barbaachisaa ta'e Uunka irratti guutamuu isaanii ni mirkaneessa.</p>	<p>መመለከትን በማረጋገጥ ቀጠር የሚያስፈልገው ከሆነ በጽሕፍ ይሰጣል፡</p>	<p>7) Perform awareness creation activities regarding public complaints and grievance matters.</p>
<p>(d) Ijoon dubbi komii fi iyyannoos adda bahee ibsamuu isaa ni mirkaneeffata.</p>	<p>ወይም ቁልታ ይግባኝ ከሆነ በበታቸ አካል ከተሰው ውሳኔ ጽር ተያያዘ መቅረብን ማረጋገጥ አለበት፡፡</p>	<p>8) Performs the following up, supporting, research and studying activities regarding the sources of public complaint and grievance matters.</p>
<p>(e) Guyaan dhimmichi itti dhiyaate galmaa'uu isaa mirkaneessuun, beellama kan barbaachisu yoo ta'e barreeffamaan kenna.</p>	<p>5) የአስተዳደር ጉዳይ ተፋት ቁልታ ወይም አበቱታን አስመልክቶ በቁ መረጃ የደረሰዎች ይይዛል፡፡</p>	<p>9) Scrutinize public complaint and grievances; submit same to the concerned body and cause to take corrective measures, notify the decision given, and follow up its implementation.</p>
<p>(f) Iyyaannoos yookiin Komiin dhiyaate ol'iyyannoos yoo ta'e murtii jalaa waliin qabsiisee dhiyeffachuu isaa mirkaneeffachuu qaba.</p>	<p>6) አስፈላጊ ሆኖ ከተኞቸ ቁልታ በቅረቡበት መሥራያ ቤት በኢትል በመገኘት ያጠራል፡፡ ግብኬ በኢትል ቅርቡ እንዲያስረዳ ለጠራ ይቻላል፡፡</p>	<p>10. Power and Duties of Expert Assigned in Government Institution to Receive Complaint and Grievances.</p>
<p>5) Dhimma komii yookiin iyyannoos balleessaa bulchiinsaa ilaachisee odeeefannoos gahaa ta'e ni</p>	<p>7) በኢትል አበቱታና ቁልታ ላይ የግንዘብ ማስጨበበው ሥር</p>	

